Rabbiin akkuma dirqamni isaa hojjatamuu jaallatutti wanti inni laaffisees hojjatamuu jaallata

Abdullaah ilma Abbaas irraa akka odeeffametti Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: "Rabbiin akkuma dirqamni isaa hojjatamuu jaallatutti wanti inni laaffisees hojjatamuu jaallata".

[sirrii] [ibnu hibbaan odeesse]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Rabbiin salphifamuu murtoowwanii fi ibaadowwan keessa jiru irraa laafinsi isiin Inni karaa godhe hojjatamuu akka jaallatu himani, nama dirqamni isa irra kaa'ame irratti isii keessatti sababaadhaan laaffisuu -akka imala irratti salaata gabaabsuu fi wolitti qabuufaa-, Akkuma wantoota dirqama ta'an irraa dirqamni Isaa hojjatamuu jaallatutti; waan ajajni Rabbii dirqamaa fi laafiinsa keessattis tokko ta'eef jecha.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/65017